

## Odeeffannoo

**Yoo waa hubachuu dadhabde gaafadhu.**  
Odeeffannoo jiru hubachuuf baallama keetti nama fudhattee dhufuu dandeessa.



Dhimma fayyaa kee fi tajaajiloota gara garaa jiran, kanneen akka tajaajila mootummaa fi dhuunfaa ilaalchisee, odeeffannoo qulqulluu argachuuf mirga guutuu qabda.

Wal'aansa kamuu fudhachuun dura haayyama beekumsa kennuu qabda. Kana jechuun filannowwan wal'aansa kee, faayidaa fi balaa sii qabaachuu malu akkasumas baasii isaa guutummaatti hubachuu qabda.

Odeeffannoon filannoowwan kununsa fayyaa kee sii kennamuu qaba, eessa akka deemtu, hagam akka si eegsisu fi wanti kafaltu yoo jiraateef.

Yeroo kununsa fayyaa keetti wanti tokko yoo dogoggorame, wanni tahe sitti himamuuf mirga qabda. Manni yaalaa wanna tahe sii ibsuu qabu, akkamiin akka si miidhuu maluu fi akka ati hin miidhamneef ammo maal akka godhoma jiru sii himuu qabu.

## Iccitii dhuunfaa



**Iccitiin dhuunfaa kee siif eegamuu qaba,**  
kutaa mana yaalaa fi bakka teessee eeggattu akkasumas bakka hundatti.

Iccitiin dhuunfaa kee sii kabajamuuf mirga qabda. Kun qama kee dabalee, mi'a ati of biraa qabduu fi odeeffannoo waa'ee kee fi bakka ati jirtu san dabalatee ti.

Odeeffannoon dhuunfaa kee fi yaala keetii bakka iccitaawaa tahee fi qabaa gaarii taa'uu qaba.

## Yaada kenni

Yaada kennuu ykn komii dhiyeessuuf mirga qabda. Yaaddoon kee ifattii fi yeroo madaalawaa tahe keessatti furamuu qaba. Yaada kennuun kee ykn komii dhiyeessuun kee akkaataa ati yaala argattu irratti dhiibbaa faallaa geessisuu hin qabu.

Muuxannoo keen nuu qooduun kee ayinaa kununsa mana yaalaa fooyyessuu danda'a.

Mirgi kee guutamuu dhabuun yoo si yaaddesse, ogeessa fayyaa ykn dhaabbata tajaajila kununsa sana waliin dubbadhu. Yoo akkas gochuu hin dandeessu tahe ykn deebii isaaniitti quufuu dhabde dhaabbata komii kununsa naannoo ykn kutaa biyyaa keessa jirtuu qunnam.

Odeeffannoo dabalataa waa'ee chaartarichaa ykn odeeffannoo qunnamtii dhaabbilee komii kununsa argachuuf:

[www.safetyandquality.gov.au/your-rights](http://www.safetyandquality.gov.au/your-rights)




**Waa'ee mirga kununsa fayyaa keetiif oddeeffannoo dabalataa argachuuf mirga kununsa fayyaa gaafadhu.**

Level 5, 255 Elizabeth Street  
Sydney NSW 2000

GPO Box 5480  
Sydney NSW 2001

Telephone: (02) 9126 3600  
mail@safetyandquality.gov.au

[safetyandquality.gov.au](http://safetyandquality.gov.au)



SCAN NA  
TOLCHI

AUSTRALIAN COMMISSION  
ON SAFETY AND QUALITY IN HEALTH CARE

## Mirga Kununsa Fayyaa Kiyaa

OROMO | AFAAN OROMOO



AUSTRALIAN COMMISSION  
ON SAFETY AND QUALITY IN HEALTH CARE

Akka Chaartera Mirga Kununsa Fayyaa Australia **Australian Charter of Healthcare Rights (The Charter)** keessatti ibsameetti kununsa nageenya qabuu fi ayinaa -ol-aanaa qabuuf mirga qabda.

The Chaarterichi ati ykn namni ati kununsi yeroo kununsa fayyaa argataa jirutti maal akka irraa eegdu siif ibsa.

Mirgichi Australia keessa namaootaa fi iddowwan kununsi fayyaa itti kennamu hunda ilaallata.

Yeroo fudhadhuu dubbisii mirgoota kee hubadhu.

Waraqan kun mirgoota torba Chaartericha keessatti argaman ibsa.



## Argachuu

Tajaajila kununsa fayyaa fayyadamuu fi yeroo barbaaddetti yaala argachuuf mirga qabda.



Egumsa kununsa siif tahu argachuuf mirga qabda.

Medicare baasii ittiin ogeessa fayyaa kee ilaaltu, akkasumas yaala fi qorsa haga barbaadde si gargaara. Waan kafaltu yoo jiraateef utuu tajaajila hin fudhatin dura baruuf mirga qabda.

Dhaabbatni fayyaa namootni qama-hir'ina qaban tajaajila kennamutti akka fayyadamaniif haalaa fi naannoo mijeessuufii qabu.

## Nageenya

Bakka nageenya qabuu fi nageenyi sitti dhagahamutti kununfamuuf mirga qabda.



Kununsa fayyaa nageenya qabu fi qulqullina ol-aanaa qabu kan ulaagaa biyyaalessaa guutuu eeggate argachuuf mirga qabda.

Kununsi fayyaa kee fi wal'aansi kee raga hunda irra gaarii tahee jiru irratti hundaa'ee fi akka fedhii fi filannoo kee irratti hundaa'uu qaba.

Waa'een kununsa fayyaa kee yoo si yaaddesse, jijjiirama yaaddessaa of irratti yoo agarte, ykn waan hir'ate jira jedhtee yoo yaadde akka irra deebi'amee ilaalamu gaafachuuf mirga qabda.

## Kabaja



Dhaabbatni tajaajila fayyaa kee, aadaa kee, eenyummaa fi amantaa kee beekuu fi kabjauu qaba.

Ulfina, kabajaa fi gara-laafinaan yaalamuuf mirga qabda.

Waa'ee fedha kee gaafatamuu qabda, akkasumas kununsi kee filannoo kee calaqqisiisuu qaba.

## Walta'iinsa

Odeeffannoo ogeessa fayyaa kee waliin qooddachuun eegumsa siif malu argachuuf si gargaara.



Ogeessa kununsa fayyaa kee waliin wal ta'iinsaan yaalamuuf mirga qabda. Gaaffii haga barbaadde gaafachuu dandeessa. Ogeessi fayyaa kee waa'ee kununsa fayyaa keetii ifatti fi amanamummaadhaan sitti dubbachuu qaba.

Namoota biro kununsa keetti dabaluu dandeessa, kanneen akka maatii kee, hiriyoote, kununsaa ykn lallisaa fayyadamtootaa (consumer advocate).